Maqaa Rabbii 99

Qopheessaan

Dr. Kedir Ibraahim

Akka aqiidaan haqaatti, namni jannata seenuuf ***'Laa ilaaha illallaah Muhammadan Rasuulullaah'*** jedhee shirkii irraa kan qulqullaaye ta'uu qaba. 'Laa ilaaha Illallaah Muhammadan Rasuulallaah' jecha jedhu irraa faayidaa argachuuf immoo ulaagaaleen armaan gaditti ibsaman guutamuu qabu.

Laa ilaaha illallaah namni jedhe tokko ulaagaalee torban armaan gadii guuttachuu qaba.

1. **Al-Ilm-Beekumsa**. beekumsi kun, gabbaramuu kan haqa godhatu Rabbiin malee hin jiru jechuu beekuu. Beekumsi kun wantoota biroo ka dharaan gabbaraman hunda, mirga gabbaramuu isaan cufa irraa ni kaafti. Gabbaramuun haqaa Rabbiif qofa akka ta'e beeksifti.

2. **Al-Yaqiin**. Qurxii godhuu (onneen fudhachuu) ma'anaan shakkiin maletti. Jecha laa ilaaha illallaah jedhu kana osoo onnee irratti hin ititin arraba qofaan jechuu osoo hin taane, arrabaan jedhanii onneenis shakkii malee yaqqansuudha.

3. **Al-Qabuul**-waan beekanii shakkii malee yaqqansan deebisuun maletti fudhachuu. Kana jechuun, arrabaan jedhanii onneen namaa eega yaqiina goote booda haqa kana fudhatanii bu'aan isii qabatamaan namarraa mul'achuudha.

4. **Al-Inqiyaad**- Ajajamuu. Haqa kana beekanii shakkii malee mirkaneessanii eega fudhatan booda waan Rabbi hojjadhaa jedhee ajaje hojjatanii, waan inni hin hojjatinaa jedhe dhiisudhaan ajajamuudha.

5. **As-Sidqu**-Dhugoomsuu. Namni jecha kana arrabaan jedhee hojiinis dhugoomsee argamuudha. Allaah malee haqaan gabbaramaan hin jiru eega arrabaan jedhe booda, hojiin isaa faallaa waan arrabni isaa dubbatee ta'udhaan, yakki kan irraa calanqisu yoo ta'e, namichi nama jecha kana dhugoomse ta'uu hin danda'u.

6. **Al-Mahabbaah**-Jaalachuu. namni **Laa ilaaha illallaah** qabu matuma jecha kanaa, ergaa isiin dabarsitu, nama jecha kana jedhee fi nama jecha kanatti hojjatu cufayyuu jaalachuudha. Akkasumas, ajaja jecha kanaatiin hojjachuullee jaalachuudha. Nama qajeelfama kanaan dhufe, Ergamaa Rabbii, Nabi Muhammadiin hordofudhaan ergaa isaanii hojii irra oolchuudha.

7. **Al-Iklaasu**- Qulqulleessuu. Rabbi qofti akka nama jajatu waan amananii hojjatan cufa, galatuma Rabbii argachuu qofaaf qulqulleessanii hojjachuu.

Muhammadan Rasuulullaah-Muhammadi Ergamaa Rabbii ta'uu isaanii ragaa bayuunis ulaagaa guutamuu qaban 4tu jira. Isaanis:

1. Nabi Muhammadiin hordofudhaan isaaniif ajajamuu.

2. Wanti Nabi Muhammad jedhan hundi isaanii dhugaa ta'uu beekanii jechi isaaniis dhuga jedhanii amanuu.

3. Waan Rasuulli irraa nama dhoorgan irraa dhoorgamudhaan waan isaan itti nama ajajan hojjachuu.

4. Allaah yeroo gabbaran karaa Inni ergamaa isaa (Muhammadiin) itti ajajeen ala karaa biroo ykn seeraa fi heera biroo baafatanii Rabbiin gabbaruu dhabuudha.

Haaluma walfakkaatuun namni muslima ta'e kamuu Tawhiida (tokkummaa Rabbii) qulqullinaan beekee itti amanee ittiin jiraachuun qooda Tawhiidaa sadiinis qulqullinaan beekanii itti amanuun hojii irra oolchuu barbaachisa. Qoonni sadiin tawhidaa kunis:

1. **Tawhiid Ar-Rubuubiyyah** (Allaah Rabbooma (gooftummaa) isaatiin tokkochoomsuu). Kana jechuun, Allaahan waan argamee fi booda argamuuf deemu hunda gooftaa uume ta'uu isaatii fi waan uume cufaaf ka hiree baasu mootii dachii fi samii akkasumas mootii waan samii fi dachii jidduu jiruu ta'uu isaa amanuudha.

2. **Tawhiid Al-Uluuhiyyah** (Allaah Gabbartiin isa tokkochoomsuu). Kana jechuun, akaakuu gabbartii hundaatiin gabbaramuu kan qabu Allah ta'uu amanuudha. Gabbartii (ibaadaa) wanti jedhamus, waan qaamaan raawwataman kan akka salaataa, soomaa, zakaa; waan arrabaan raawwataman kan akka baay'isanii Rabbiin yaadachuu (zakkaruu), araarama Rabbiin kadhachuu, dhugaa dubbachuu, haasaa gaggaarii haasawuu, nama hamachuu dhiisuu; waan onneen raawwataman kan akka Rabbii fi Rasuula jaalachuu, niyyaa Rabbumaaf qulqulleessuu, waan Rabbi murteesse jaalachuu fi rahmata isaa abdachuu fa'a yoo ta'u, rogaalee ibaadaa kanneen cufaanuu isa tokkochoomsuudha.

3. Tawhiid Al-Asmaa'i was-Sifaati (Allah maqaawwan isaatii fi sifa isa ibsu qofaan tokkochoomsuu). Kana jechuunis maqaa Allaahatii fi sifa isaatti amanuudha. Maqaawwanii fi sifawwan isaatti amanuunis waa heddu qaba. Isaanis, maqaawwan Rabbii kan innumti qofa ittiin waamamuun Isa waamuu. Uumamni kamiyyuu maqaa Rabbi ittiin waamamuun hin waamamu. Maqaawwan Rabbii cufti isaanii kan isuma qofaan malanii fi kan hanqina mara irraa qulqulluu ta'uu isaa ibsaniidha. Allaahan bifuma kamiinuu uumamtoota Isaa hin fakkaatu. Inni uumamtoota Isaa hundumayyuu oli. Inni maqaa fi sifa uumama isaatiin adda ta'e qaba. Uumamtoonni hundinuu Isaan walitti hin madaalchifaman. Namni Islaamaa maqaa isaa kana haffazuu akka qabus hadiissan eeran heddutu jira.

Akka Ibnul Qayyim jedhutti, maqaawwan Rabbii haffazuun sadarkaa sadi qaba. Isaanis:

1. Jechoota maqaa Rabbiitiif moggaasa ta'an haffazuu
2. Hiikaa maqaawwan Rabbii beekanii hubachuu fi
3. Maqaawwan kanniinitti fayyadamuun Rabbiin kadhachuudha.

Maqaawwan Allaah kan haffazuun barbaachisus kanneen armaan gadiiti:

Allah

Maqaa Rabbii filamaa kan Baay'innattis koornayattis isa jijjiiruun hin danda'amne. Maqaan kun guddina Rabbii, tokkochummaa Rabbiitii fi hanqina cufa irraa bilisa ta'uu isaa kan ibsuudha.

Maqaan kun Qur'aana keessatti yeroo 3000 oli deddeebi'ee kan dubbatameeru ta'uu isaa Dr Muhammad Muhsin Kaan Hiikkaa Qur'aanaa ka Ingiliffaa keessatti ibsanii jiru.

Ragaa Qur'aanaa: "Inni **Allaaha**, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; Mooticha, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

1 . **Ar-Rahmaan**

Gooftaa addunyaa kanarratti nama isatti amanee fi kan isa dideefis arjoomu-Arjaa; Isa uumama isaa hundaaf mararfatu-Mararfataa; Abbaa rahmataa. Gooftaa haajaa uumamtoota cufaa bifa isaanii maluun guutu.

Maqaan kun Jalqaba suuraawwan qur'aanaa (Suuraa Tawbaa malee) cufa irratti argama. Suura 55ffaa-(suuratur-rahmaan) keessattis yeroo heddu deddeebi'ee argama.

2 **Ar-Rahiim**

Gooftaa biyya boruutti warra isatti amaneef gara-laafinna guddaa qabu-Gara-laafessa, Qananiisaa Mu'mintootaa. Mootii Hojii gabroonni Isaa hojjatanii olitti caalchisee galata galchu. Waaqa yakka gabroonni hin hojjatiniin isaan hin adabne.

Maqaan kun Jalqaba suuraa qur'aanaa (Suuraa Tawbaa malee) cufa irratti argama

3 **Al-Malik**

Gooftaa mootuma hin diigamneefi aangoo hinfudhatamne kophaa isaatti qabu-Mooticha , Abbaa aangoo olaanaa . Gooftaa uumama mara kophaa isaatti bulchu kan bulchiinsi isaa

mudaafi hir’inna hin qabne-Bulchaa. Mootii olaantummaa hunda dhuunfate-Dhuunfataa. Mootii aangoo Isaatiin waan fedhe raawwachuu danda'u. Gooftaa eenyumayyuu irraa gargaarsa hin barbaanne-of danda'aa, Mootii guddina, ulfina, injifannoo, boona, waa kennuu, waa dhoorgachuu fi waa hundaan olta'ee moohe, Mooticha.

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

4 **Al-Qudduus**

Mootii hir’inaafi mudaa cufa irraa qulqullaahe-Qulqulluu . Mootii woyyooma haqa godhate-Wayyuu,

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, **Qulqullicha**, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

5 **As-Salaam**

Mootii nageenni bifa maraa isarraa dhufu-Abbaa nagahaa , Hundee nagahaa fi tasgabbii,Nagaa. Gooftaa uumamtoota isaatiif naga laatu. Gooftaa wanti kamuu isa hin shukulchiifne-Tasgabbaayaa

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, **hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa)**, kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

6 **Al-Mu'min**

Gooftaa amantii haqaa tiksu-Abbaa amantii ; Isa malee Rabbiin biroo jiraachuu dhabuu isaatti kan of amane-Ofitti amanaa ; Isa malee Rabbiin biroo jiraachuu dhabutti warra amaneef amantii isaanii kan mirkaneessu-mirkaneessaa. Gooftaa warra isatti amanudhaan gaarii hojjatanii fi hamtuu irraa fagaatan qixaaxuu dhabuu isaatiif wabii ta’e.

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), **kan nagaa kennu**, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

7 **Al-Muhaymin**

Mootii gochaa fi jecha gabroota isaa tiksuu fi too'atu-Tiksaa , Too'ataa,Gooftaa uumamtoota isaa cufa eegu

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, **kan uumama isaa tiksu**, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

8 **Al-'Aziiz**

Mootii uumamni hundi karoora isaa fashaleessuu hindandeenne-Injifataa Gooftaa olaantummaan isaa hin haalamne-Olaanaa . Gooftaa jabeenni isaa yoomiyyuu hin hir'anne-Jabaa

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, **Jabaa**, Injifataa (kan hin danda'amne), Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

9 **Al-Jabbaar**

Gooftaa murtii isaa oolchuu fi ofirraa ittisuunis hindanda'amne-Dirqisiisaa . Mootii uumama isaa keessatti wanta inni fedhe malee kan biroo ta'uu hin dandeenne, Kan hin danda'amne.

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, **Injifataa (kan hin danda'amne)**, Boonaa; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

10 **Al-Mutakabbir**

Mootii sifa (akkaataa) isa qofaan maltu qabu-Boonaa ; Kan bifaa fi haalaa amala uumama isaatiin hin himamne. Gooftaa waan gadaantuu fi gadhee cufa irraa qulqulluu ta'e.

Ragaa Qur'aanaa: "Inni Allaaha, Isa malee gooftaan biroo kan hin jirre; **Mooticha**, Qulqullicha, hanqina hunda irraa kan nagaha ta'e (abbaa nagahaa), kan nagaa kennu, kan uumama isaa tiksu, Jabaa, Injifataa (kan hin danda'amne), **Boonaa**; Allaahn waan jarri (mushrikaa) isatti qindeessan hundumayyuu irraa qulqullaahe". 59:23.

11 **Al-Khaaliq**

Mootii waahunda dhabama irraa gara argamaatti ceesise/baase-Mootii waa hunda uumu-uumaa

Inni Allaaha, **kan waa hunda uumu**, kan waan hin jirre argamsiisu, kan waan uumu hunda boca isaaniin maluun uumu; Isaaf maqaawwan gaggaaritu jira. Wantoonni samii fi dachii keessa jiran hundumtuu Isuma faarsan. Inni jabaadha, ogeessas. 59:24

12 **Al-Baari'**

Gooftaa uumama duraan hin jirre mul'isu-Mul'isaa ; Gooftaa waan duraan hin jirre argamsiisu-Argamsiisaa,tolchaa

Inni Allaaha, kan waa hunda uumu, **kan waan hin jirre argamsiisu**, kan waan uumu hunda boca isaaniin maluun uumu; Isaaf maqaawwan gaggaaritu jira. Wantoonni samii fi dachii keessa jiran hundumtuu Isuma faarsan. Inni jabaadha, ogeessas. 59:24

59:24

13 **Al-Musawwir**

Mootii uumama lakkoofsa hin qabne hundaaf suuraa, uunkaa , bocaafi bifa mataa isaanii kennudhaan oomishee akka fedhetti bocee baasu-Suuressaa,Uunkeessaa, Boca-baaso

Inni Allaaha, kan waa hunda uumu, kan waan hin jirre argamsiisu, **kan waan uumu hunda boca isaaniin maluun uumu**; Isaaf maqaawwan gaggaaritu jira. Wantoonni samii fi dachii keessa jiran hundumtuu Isuma faarsan. Inni jabaadha, ogeessas. 59:24

14 **Al-Ghaffaar**

Mootii yoo maraa dhiifama namaa godhu-Araaramaa ; Mootii yakka namaa irra darbu-Mararfataa Gooftaa yeroo mara irra deddeebi'ee nama maaru.

Ragaa Qur'aanaa:20:82, 38:66, 39:5, 40:42, 71:10

15 **Al-Qahhaar**

Gooftaa jabaa mootota hunda moohe-Moohaa. Gooftaa uumamni hundi gabbaru-gabbaramaa . Mootii injifataa kan jabaa hunda harka kennachiisu-Harka kennachiisaa. Mootii Jabaa waa hunda hin dadhabne-Dandahaa.

Ragaa Qur'aanaa:13:16, 14:48, 38:65, 39:4, 40:16

16 **Al-Wahhaab**

Mootii Arjaa kennee jalaa hin dhumne ; Kennaa . Mootii dhabaa hundaa hirphu , Hirphaa . Mootii uumama hunda akka isaanii malutti badhaasu badhaasaa.

Ragaa Qur'aanaa: 3:8, 38:9, 38:35

17 **Ar-Razzaaq**

Gooftaa hiree bifa cufaan qoodu , Qoodaa . Dureessa uumama Isaa hunda waan isaanii malu akka isaanii maluun nyaacisee obaasu . Mootii ofii Isaatii Nyaataa dhugaatii hin feene . Nyaachisaa , Obaasaa , Hiraa , Kunuunsaa .

Ragaa Qur'aanaa:51:58

18 **Al-Fattaah**

Gooftaa abbaa fedheef balbala tolinaa banu , Banaa . Gooftaa dhiphina irraa bal’inatti nama baasu, Furaa. Abbaa Murtii kan waa cufaafuu furmaata kennu, kan haajaa diinii fi duniyaa hunda namaa banu . Abbaa furmaataa.

Ragaa Qur'aanaa:34:26

19 **Al-'Aliim**

Gooftaa beekumsa hunda dhuunfate , Abbaa beekomsaa . Mootii waa cufa beeku , Hunda beekaa . Gooftaa waan hin beekne hin qabne . Mootii isaan ala beekomsi hinjirre kan waan hin beekne hinqabne . Madda beekomsaa , Hundee beekomsaa .

Ragaa Qur'aanaa: 2:158, 3:92, 4:35, 24:41, 33:40

20 **Al-Qaabid**

Gooftaa beekomsa Isaatiin abbaa barbaade irraa arjooma Isaa hir'isu yookaan hidhu yookaan qabu, Qabataa .

Ragaa Qur'aanaa: 2:245

21 **Al-Baasix**

Gooftaa ogummaa fi beekomsa isaatiin arjooma isaa abbaa fedhetti gadi dhiisu, yookaan bal'isu, Arjoomaa, Bal'isaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:245

22 **Al-Khaafid**

Mootii nama ofii fedhe waan fedheen xiqqeessu yookaan salphisu, kuffisu, gadi buusu – Xiqqeessaa, Kuffisaa, Salphisaa.

Ragaa Qur'aanaa: 95:5

23 **Ar-Raafi'**

Mootii nama ofii fedhe waan fedheen guddisu , kabaju , olfuudhu , ulfeessu –Guddisa, Kabajaa, Olfuudhaa, Ulfeessaa (Abbaa Ulfinaa-Mootii Ulfinni biraa argamu) .

Ragaa Qur'aanaa: 58:11, 6:83

24 **Al-Mu'izzi**

Mootii nama ofii fedheef gaaddidduu(gaachana) kennu. Mootii ka fedheef maqaa gaarii fi dhagahama kennu – Guddisaa.

Ragaa Qur'aanaa: 3:26

25 **Al-Muzilli**

Mootii nama barbaaderraa gaaddidduu mulqu. Mootii ka fedhe xiqqeessu. Mootii nama barbaade nama duratti gatii isaa gadi buusu.

Ragaa Qur'aanaa: 3:26

26 **As-Samii'i**

Mootii yoomiyyuu waa cufa dhagahu. Kan dhageettiin Isaa fageennaa fi dhiheenna bakkaa fi yerootiin hin daangeffamne. Mootii dhagahudhaaf meeshaa dhageeffatuun hin barbaanne, Dhagahaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:127, 2:256, 8:17, 49:1

27 **Al-Basiir**

Mootii waa cufa argu, kan waa argudhaaf meeshaa fi qaamni waa arguun isa hin barbaachifne. Mootii fageenni fi dhiheenni bakkaa fi yeroo waa arguu isaa hin hir'ifne. Argaa

Ragaa Qur'aanaa: 4:58, 17:1, 42:11, 42:27

28 **Al-Hakam**

Mootii murtii sirri kennu , Abbaa Murtii. Mootii murtiin isaa ol iyyannaa hin qabne, Abbaa Murtii Olaanaa. Mootii raawwatama waan inni murteesseeratti gufuun hin jirre .

Ragaa Qur'aanaa: 22:69

29 **Al-'Adl**

Mootii gochaa fi jechi Isaa cufti haqa ta'e, Abbaa Haqaa. Mootii Murtii hunda walqixxummaa fi haqaan kennu. Walqixxeessaa. Mootii uumama isaarratti loogii hin hojjanne.

Ragaa Qur'aanaa: 6:115

30 **Al-Laxiif**

Mootii iciitii hunda fullaasee hubatu , Hubataa . Mootii waan namarraa dhokate ifatti beeku. Mootii xumura waa hundaa osoo hin xumuramne beeku. Mootii waan hamtuu fakkaatu keessaa gaarii baasu.

Ragaa Qur'aanaa: 6:103, 22:63, 31:16, 33:34

31 **Al-Khabiir**

Gooftaa waa cufa gadifageennaan beeku, Keessa beekaa. Gooftaa waa hunda beeku, ka hayyummaan Isaa waa cufa hammattu, Hayyuu .

Ragaa Qur'aanaa: 6:18, 17:30, 49:13, 59:18

32 **Al-Haliim**

Mootii dharaa fi shira uumamni isaa hojjatu osoo argu, osoo dhagahuu fi osoo beeku obsu, Obsaa. Mootii gochaa fi jecha akaakuu cufaayyuu dandahu, Dandahaa. Gooftaa

uumama Isaa kan adabamuu qabu garaa laafeefii yeroo kennuuf. kan yoo fedhe inumaayyuu araaramuuf, Gara-laafessa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:235, 17:44, 22:59, 35:41

33 **Al-'Aziim**

Mootii sadarkaan Isaa waa hundumaayyuu oli ta'e –Ol ta'aa. Mootii guddinnii fi ulfinni cufti isaan male. Abbaa guddinaa fi ulfinaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:255, 42:4, 56:96

34 **Al-Ghafuur**

Gooftaa balleessaa hundumaa yoo kadhatan namaa dhiisu, Namaa Dhiisaa. Mootii cubbuu hunda irra namaa darbu ,Araaramaa .

Ragaa Qur'aanaa: 2:173, 8:69, 16:110, 41:32

35 **Ash-Shakuur**

Mootii yoo xiqqoo hojjatan guddisee namaa kafalu, Abbaa Galataa. Mootii waan gaarii hojjatan xiqqaattus guddattus irratti nama galatoonfatu, Galatoonffataa. Mootii toltuu hojjatan cufa faarfatu, Faarfataa, Faarfamaa.

Ragaa Qur'aanaa:35:30, 35:34, 42:23, 64:17

36 **Al-'Aliyyi**

Mootii uumama Isaa hundayyuu caalu, Caalaa, Olaanaa. Gooftaa olaantummaan isaa wahitti hin fakkeeffamne, Daran Olaanaa .

Ragaa Qur'aanaa: 4:34, 31:30, 42:4, 42:51

37 **Al-Kabiir**

Mootii guddinni Isaa gama hundaanuu fagaate, Daran Guddaa. Mootii guddinna Isaa sammuun uumamtootaa tilmaamuu hin dandeenne.

Ragaa Qur'aanaa: 13:9, 22:62, 31:30

38 **Al-Hafiiz**

Mootii uumama Isaa cufa yeroo hundumaa bakka hundatti tiksu (eegu), Tiksaa. Mootii uumama isaa kan hammeenna irraa eegamuu qabu eegu.

Ragaa Qur'aanaa: 11:57, 34:21, 42:6

39 **Al-Muqiit**

Mootii uumama Isaa cufa yeroo hundumaa bakka cufatti hiruu, nyaachisuu fi kunuunsuu danda'u, Kunuunsaa, Hiraa.

Ragaa Qur'aanaa: 4:85

40 **Al-Hasiib**

Mootii hojii uumamtootaa sirriitti herreegu, Herreegaa. Mootii kamiifuu herreega haqa ta'een murtii dhugaa ta'ee fi quubsaa kennu. Abbaa Herregaa.

Ragaa Qur'aanaa: 4:6, 4:86, 33:39

41 **Al-Jaliil**

Mootii sifa gudinaa fi sadarkaa ulfinaa qabu, Ulfaataa.

Ragaa Qur'aanaa: 55:27, 39:14, 7:143

42 **Al-Kariim**

Mootii ulfaataa, Arjaa. Mootii karaamaa qabu, Wayooma.

Ragaa Qur'aanaa: 27:40, 82:6

43 **Ar-Raqiib**

Mootii beekomsa isaatiin bakkaa fi yeroo marattuu dhihoo jiru, Kaluu, Dhihoo. Ka beekomsa Isaatiin kalaayee waa cufa eegu.

Ragaa Qur'aanaa:4:1, 5:117

44 **Al-Mujiib**

Mootii nama isa waamatu hundaaf dhagahu, deebii kennu, Awwaataa. Mootii ka rakkatee Isatti iyyatu cufayyuu iyyanoo isaa dhagahu.

Ragaa Qur'aanaa: 11:61

45 **Al-Waasi'**

Mootii waa cufaanuu bal'ina qabu. bal'aa. Mootii fedhii gabroota isaa guutuurratti gahaa ta'e, Of-gahaa. Mootii uumama Isaatii toludhaan gahumsa bal'aa qabu.

Ragaa Qur'aanaa: 2:268, 3:73, 5:54

46 **Al-Hakiim**

Mootii gochaa fi jechi Isaa sirrii ta'e, Ogeessa. Murteessaa murteessitootaa olii.

Ragaa Qur'aanaa: 31:27, 46:2, 57:1, 66:2

47 **Al-Waduud**

Mootii uumama isatti amane jaalatu, Jaalataa .

Ragaa Qur'aanaa: 11:90, 85:14

48 **Al-Majiíd**

Mootii guddaa kan aangoo guddoo, sadarkaa guddaa fi arjummaa guddaan waa hunda caalaa guddaa ta'e.

Ragaa Qur'aanaa: 11:73

49 **Al-Baa'ith**

Mootii uumama Isaa gaarii fi gadhee hojjatan isaanii kafaludhaaf du'aa kaasu, Du'aa Kaasaa.

Ragaa Qur'aanaa: 22:7

50 **Ash-Shahiid**

Mootii wanti hundi argaa isaatiin ala hin taane. Kan waan uumamni Isaa dalagu hunda bira jiru, Ragaa waa hundaa.

Ragaa Qur'aanaa: 4:166, 22:17, 41:53, 48:28

51 **Al- Haqq**

Mootii jireenyi Isaa haqa ta'e, kan haqaan waa hunda uume, Kan jireenni Isaa qabatama ta'e, Haqa, Dhugaa.

Ragaa Qur'aanaa: 6:62, 22:6, 23:116, 24:25

52 **Al-Wakiil**

Mootii haajaa uumamtoota cufaa guutu, Abdatamaa. Mootii uumama cufaaf bakka bu'e, Bakka bu’aa. Mootii uumamni hundi itti irkatu, Irkoo maraa

Ragaa Qur'aanaa: 3:173, 4:171, 28:28, 73:9

53 **Al-Qawiyyi**

Mootii humna guutuu qabu, Daran Jabaa, Cimaa

Ragaa Qur'aanaa: 22:40, 22:74, 42:19, 57:25

54 **Al-Matiin**

Gooftaa mootumti Isaa hin sochoone, Sabataa. Gooftaa yoomiyyuu hin dadhabne. Jabaa.

Ragaa Qur'aanaa: 51:58

55 **Al-Wáliyyi**

Gooftaa uumamtoota isaa jaalalaan tiksu, Jaalalloo. Mootii waa cufa eegu, Eegaa. Ka uumama Isaa cufa gargaaru, Gargaaraa.

Ragaa Qur'aanaa: 4:45, 7:196, 42:28, 45:19

56 **Al-Hamiid**

Mootii dhugamaan galatoonfamuu qabu, Galatoonfamaa, Ka haqaan faarfamu, Faarfamaa.

Ragaa Qur'aanaa: 14:8, 31:12, 31:26, 41:42

57 **Al-Muhsi**

Gooftaa lakkoofsa uumama Isaa cufa beeku, Lakkaawaa. Mootii uumama Isaa cufa sirritti Too’atu, Too’ataa. Mootii Baay’ina uumama Isaa hunda beeku.

Ragaa Qur'aanaa: 72:28, 78:29, 82:10-12

58 **Al-Mubd’i**

Mootii uumama isaa cufa fakkeenya tokkotti osoo hin gargaaramin uumuu jalqabe, Jalqabaa. Haarawa argamsiisaa.

Ragaa Qur'aanaa: 10:34, 27:64, 29:19, 85:13

59 **Al-Mu'iid**

Mootii uumamtoota duraan uumaman eega du’ani boodas akka jalqaba uumamanitti dogoggora malee deebisee uumu, Deebisee Uumaa .

Ragaa Qur'aanaa: 10:34, 27:64, 29:19, 85:13

60 **Al-Muhyii**

Mootii du’aa keessaa jiraa baasu, Jiraachisaa (fakk. Aadamiin biyyee irraa, hortee Aadamii bishaan irraa).

Ragaa Qur'aanaa: 7:158, 15:23, 30:50, 57:2

61 **Al-Mumiit**

Mootii Jiraa ajjeesu, Ajjeesaa, Dhabamsiisaa.

Ragaa Qur'aanaa: 3:156, 7:158, 15:23, 57:2

62 **Al-Hayy**

Mootii jireenni Isaa jalqabaa fi dhuma hin qabne, Abad Jiraataa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:255, 3:2, 25:58, 40:65

63 **Al-Qayyuum**

Mootii jireenyi Isaa hin jijjiiramne kan yoomiyyuu of dandahaa ta’e, dhaabbataa . Mootii yoomiyyuu eennummaa isaatiin sabannaa qabu. Mootii jiraachuu Isaatiif sababa ittiin jiraatu tokkollee hin haajamne, Of danda'ee Jiraataa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:255, 3:2, 20:111

64 **Al-Waajiid**

Mootii durummaa Isaa booda hiyyummaan hin shakkamne, Yoomiyyuu Dureessa. Mootii waa cufa argu. Mootii uumama hundumayyuu hin hanqanne, Hundumayyuu argaa, Hundumayyuu Gahaa.

Ragaa Qur'aanaa: 38:44

65 **Al-Májiid**

Mootii guddinni Isaa wahitti hin fakkeeffamne, guddicha beekamaa.

Ragaa Qur'aanaa: 85:15, 11:73,

66 **Al-Waahid**

Mootii kophaa jiru, Tokkicha. Gooftaa Addaa ka waa takka bira hin jirre.

Ragaa Qur'aanaa: 2:163, 5:73, 9:31, 18:110

67 **Al-Ahad**

Rabbii lama hin ta'in, Tokkicha; Ka wanti akka Isaa tokkollee hin jirre.

Ragaa Qur'aanaa: 112:1

68 **As-Samad**

Mootii Yoomiyyuu jiraataa ta'e, kan uumamni cufti itti haajamu kan inni wahitti hin hajamne, Of Dandahaa. Mootii uumamni cufti itti erkatu, Irkoo hundaa. Mootii nyaachisee obaasu kan ofii nyaataa dhugaatii hin feene.

Ragaa Qur'aanaa: 112:2

69 **Al-Qadiir**

Mootii dandeettii waa hundaa qabu, Dandahaa. Mootii waan dadhabu hin qabne.

Ragaa Qur'aanaa: 6:65, 36:81, 46:33, 75:40

70. **Al-Muqtadir**

Mootii waan hojjatu cufarratti humna qabu, Humna qabeessa.

Ragaa Qur'aanaa: 18:45, 54:42, 54:55

71. **Al-Muqaddim**

Mootii waan dursuu qabuf dursa kennu, Dursisiisaa. Mootii waa cufa bakkaa fi yeroo isaanii maltuun walduraa duubaan kaayu. Mootii waan ofii fedhe akka malutti dursisiisu .

Ragaa Qur'aanaa: 16:61, 17:34,

72. **Al-Mu'akhkhir**

Mootii waan booda aanuu qabu akka malutti booda aansu, tursiisu, Tursiisaa. Mootii waa cufa bakkaa fi yeroo isaanii maltuun kaayu. Mootii waan ofii fedhe akka malutti tursiisu.

Ragaa Qur'aanaa: 71:4

73.**Al-Awwal**

Mootii waa hundumaayyuu dura jiru, Dursaa. Mootii argamni Isaa Jalqaba hin qabne.

Ragaa Qur'aanaa: 57:3

74. **Al-Aakhir**

Mootii waa hundumayyuu booda hafu, Booda Hafaa. Mootii argamni Isaa xumura hin qabne.

Ragaa Qur'aanaa: 57:3

75 **Az-Zaahir**

Mootii jireenyi Isaa ragaa uumama Isaatiin qabatamaan ifatti Mul'atu, Mul'ataa. Mootii jireenyi Isaa dhoksaa hin qabne Kan sammuun xiinxallituu fi onneen amantii qabdu arguu dandeettu.

Ragaa Qur'aanaa: 57:3

76 **Al-Baaxin**

Mootii argamni Isaa ifa qofatti osoo hin taane dhoksattis onneen hubatamuu danda'u, Keessoo.

Ragaa Qur'aanaa:57:3

77 **Al-Waalí**

Bulchaa, Mootii uumama cufa uumee qabuu fi kan horatu, Horataa.

Ragaa Qur'aanaa: 13:11, 22:7

78 **Al-Muta'aali**

Mootii haala fi amala uumamni Isaa qabu irraa qulqullaahee ol ta'ee. Ol ta'aa.

Ragaa Qur'aanaa: 13:9

79 **Al-Barr**

Hundee waan gaarii ta'e cufaa, Daran Gaarii. Gooftaa uumama isaa cufaaf tole, Tolaa. Mootii abbaa ofii fedhe gargaarsaa fi tolinna addaa godhuuf.

Ragaa Qur'aanaa: 52:28

80 **At-Tawwaab**

Mootii yoo balleessanii Isa kadhatan namaa dhiisu. Mootii carraa gaabbii (tawbaa) namaa kennu. Ka Gara- laaffinaan namaa araaramu.

Ragaa Qur'aanaa: 2:128, 4:64, 49:12, 110:3

81 **Al-Muntaqim**

Mootii uumamtoota Isaa ka mataa jabaatan fi yakka hojjatan cufarraa biiluu bahu. Mootii warra haqa Isaa jallise injifatu, kan dhabamsiisu. Ka gadoo bayuu danda'u.

Ragaa Qur'aanaa: 32:22, 43:41, 44:16

82 **Al-Afuwwu**

Mootii balleessaa namaa irra namaa darbu. Mootii Araarmni Isaa daangaa hin qabne.

Ragaa Qur'aanaa: 4:99, 4:149, 22:60

83 **Ar-Ra'uuf**

Mootii gaarii, tolaa, Mararfataa, Kan gara laafinni Isaa uumamtoota Isaatiif daangaa hin qabne.

Ragaa Qur'aanaa: 3:30, 9:117, 57:9, 59:10

84 **Malik al-Mulk**

Mootii ka fedhe mootomsudhaan ka fedhe irraa mootummaa fuudhu. Gooftaa ka fedhe shuumee ka fedhe shaaru, Shuumee shaaraa. Mootii yoomiyyuu mootummaa isaa irraa hammeenna hin sodaanne. Gooftaa mootota yeroo hundaa fi bakka hundaa maraa olitti mootome, Mootii Moototaa, Abbaa Mootumaa.

Ragaa Qur'aanaa: 3:26

85 **Dhul-Jalaali Wal-Ikraam**

Mootii guddinnii fi ulfina hunda dhuunfate, Abbaa guddinaa fi Ulfinaa.

Ragaa Qur'aanaa: 55:27, 55:78

86 **Al-Muqsixi**

Mootii murtii isaarratti loogii hin hojjanne, Walqixxeessaa .

Ragaa Qur'aanaa: 7:29, 3:18

87 **Al-Jaami'i**

Mootii guyyaa xumuraa uumama Isaa cufa dirree kaafamaa/dhaabannaa irratti waliin gahu, Walitti qabaa .

Ragaa Qur'aanaa: 3:9

88 **Al-Ghaniyy**

Mootii dhimma kamiifuu uumama isaa kamittuu waan haajamuuf hin qabne, Gooftaa waa hunda qabu, Dureessa, Qabaataa, Of Danda'aa.

Ragaa Qur'aanaa: 3:97, 39:7, 47:38, 57:24

89 **Al-Mughni**

Mootii fedhii uumama Isaa cufa guutu, Duroomsaa.

Ragaa Qur'aanaa: 9:28

90 **Al-Maani'**

Mootii abbaa fedhe waan fedhe dhoorgatu, Dhoorgataa.

Ragaa Qur'aanaa: 67:21

91 **Ad-Daarr**

Mootii abbaa fedhe waan fedheen dararu, Dararaa, cinqamsiisaa. Ka waan fedhe miidhuu danda'u.

Ragaa Qur'aanaa: 6:17

92 **An-Naafi**

Mootii abbaa fedhe waan fedheen fayyadu, Fayyadaa. Madda faayidaa. Ka faayidaan waa hundaa bifa hundaan harka Isaa jirtu.

Ragaa Qur'aanaa: 30:37

93 **An-Nuur**

Mootii ifa isaa malee ifaan biro hin jirre, Ifaa

Ragaa Qur'aanaa: 24:35

94 **Al-Haadi**

Mootii qajeelfama Isaatiin warri Isatti amane qajeele. Mootii qajelfama Isaatiin uumamni cufti waan isaan fayyadutti qajeeludhaan waan isaan miidhurraa goraniin, Qajeelchaa.

Ragaa Qur'aanaa: 22:54

95 **Al-Badii**'

Mootii uumama hunda fakkeenya tokkotti osoo hin fayyadamin argamsiise. Mootii waa uumudhaaf modeela hin barbaanne. Mootii uumama hunda beekomsaa fi dandeettii isaa qofaan jalqabee argamsiise, Jalqabaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:117, 6:101

96 **Al-Baaqi**

Abad Jiraataa, Mootii yoomiyyuu hin jiru jechuun Isaaf hin jirre.

Ragaa Qur'aanaa: 55:27

97 **Al-Waarith**

Mootii eega uumamni Isa hundi dhume booda hafee waa cufa dhaalu, Dhaalaa.

Ragaa Qur'aanaa: 15:23

98 **Ar-Rashiid**

Mootii karaa haqaatti nama qajeelchu, Qajeelchaa. Ka karaa sirrii fi haqa nama barsiisu, Barsiisaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:256

99 **As-Sabuur**

Mootii nama waa balleessu hatattamaan jarjaree hin adabne (hin gubne), Obsaa.

Ragaa Qur'aanaa: 2:153, 3:200, 103:3